

**A WORKSHEET PREPARED TO HELP
THE 2020 OROMIA CTE GRADUATES
AND THOSE WHO RE-TAKE THE
PROFESSIONAL COMPETENCY
ASSURANCE TEST IN
SUPPLEMENTING THE ANNUAL
WORK INTERRUPTED DUE TO COVID-
19**



Biirroo Barnoota Oromiyaa




Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

**Eebila, 2012
BBO**

**Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Walsimataa Sagantaa
Diplomaan Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Irraa Bara 2012
Ebbifamaniifi kanneen Qormaata Madaallii Gahumsa Ogummaa
Irra Deebiin Fudhatan Deeggaruuf Qophaa'e**


1. Jiini Teempireechera daangaalee lamaan yommuu ho'aa fi yommuu qorraa hammamii hanga hammamii giddu qabaatti?
A. 2340c hamma -170c B. 5000c hamma -100c
C. 2540c hamma -150c D. 3840c hamma -170c
2. Dawwitiwwan lama gidduu isaniitti kofa 120° uumaniiru (Fakii 1, 1 ilaali). Xiyyi ifaa irra kofa battallee 65° daawwiitti M_1 irra buufate. Erga xiyyi ifaa daawwitiwwan lamaanin balaqqeessa'ee booda, kofa xiyyi ifaa ijaajjoo daawwitii M_2 waliin uumu meeqa taa'a?



Fakkii 1.1.

- A. 650 C. 550
B. 250 D. 350
3. Waantoon 4cm dheeratu tokko leensii gophaa kan dheerinni fuulleffannaa isaa 30cm ta'e fuldura kaa'amee jira.Fageenyi waantoo leensii irraa 15cm yoo ta'e,fageenya fakkaatti fi guddiftuu wal duraa duubaan meeqa ta'a?
A. -30cm fi 2 B. -10cm fi 2/3
C. -30cm fi 3/2 D. -10cm fi 3/2
4. Balbiwwan waattii adda adda qaban sadii baatirii waliin daandii sirriin wal qabsiifamaniif,
A. Volteejiin tokko tokkoo balbii keessatti cophuu wal-qixa.
B. Kaarentiin tookko tokkoo balbii keessa wal-qixa.
C. Ittison tokko tokkoo balbii keessa wal-qixa.
D. Aango elektiriikii tokko tokko isaan fayyadaman wal-qixa
5. Saatalaayitiin Pilaanetii hanga $M_p = 1.2 \times 10^{25}$ Kg fi raadiyesii 8×10^6 m qabu irraa 4.8×10^7 m fagaatee naanna'aa jira yoo ta'e, saffisa saatalaayitii kanaa shallagi. ($G= 6.67 \times 10^{-11}$ Nm²/Kg² .)
A. 4080m/sB. 166.75m/s
C. 1667.5m/sD. 6.67×10^3 m/s
6. Fageenyi gidduu-galeessaa biiftuu fi merkuri jidduu 5.79×10^7 km dha.Merkuriin biiftuutti al takkaa naannoftee xumurudhaaf guyyaa meeqa itti fudhata? (Pereediin dachee waggaatokko, fageenyi gidduu-galleessaa dachee fi biiftuu jidduu = 1.49×10^8 km)
A. Guyyoota 365 B. Guyyoota 88
C. Guyyoota 108 D. Guyyoota 99

7. Kaappaasiitaroota sadeen $C_1=6\mu\text{F}$, $C_2=1\mu\text{F}$ fi $C_3=2\mu\text{F}$ akkaataa sarkiiyuutii **Fakkii 1.2.** irraattiwal-qabsiifamaniif kaappaasiitaansii dimshaashaa shallagi. $V=24\text{V}$



- A. $2\mu\text{F}$ B. $3\mu\text{F}$
C. $4\mu\text{F}$ D. $6\mu\text{F}$
8. Xiyya kaatoodii keessa kaarentiin $30\mu\text{A}$ kan yaa'u yoo ta'e, elektiroonii meeqatu sekondii 40 keessatti iskiriinii kaatoodii kanaa rukkuta?
A. 4×10^{15} elektiroonii B. 7.5×10^{15} elektirooni
C. 3×10^{15} elektirooni D. 1.2×10^{-4} elektiroonii
9. Shiboon Aluuminiyeemii karentii baatu diyaameetiriin isaa 0.8m ta'ee fi dherreen elektirikii shiboo sana keessaa 0.64V/m yoo ta'e kaarentii hangamiitu shiboo sana keessa yaa'a? ($\rho_{\text{Al}}=2.63 \times 10^{-8}\Omega\text{m}$)
A. $1.22 \times 10^7\text{A}$ B. $4.89 \times 10^7\text{A}$
C. $6.4 \times 10^7\text{A}$ D. $8 \times 10^7\text{A}$
10. Dandeettiin ho'a addaa bishaanii tokko kaalorii irra tokko giraamii irra tokko digirii selshiyeesii ($1\text{cal/gm}^\circ\text{C}$) dha. Kana jechuun bishaan hanga isaa 10gm ta'e tempireechera isaa 100°C tti oliguddisuuf hamma annisaa ho'a kaalori meeqatu barbaachisa?
A. 20cal B. 0.1cal
C. 10cal D. 100cal
11. Mee dacheen naannoo biiftuu tilmaamaan daandii geengawaa irra naannootti. Humni harkisaa biiftuu fi dachee gidduu hammami?
($G=6.67 \times 10^{-11}\text{Nm}^2/\text{kg}^2$, $m_s=1.991 \times 10^{30}\text{kg}$, $m_e=5.98 \times 10^{24}\text{kg}$, $r=149.6 \times 10^6\text{km}$)
A. $3.55 \times 10^{25}\text{N}$ B. $3.55 \times 10^{22}\text{N}$
C. 5.3×10^{24} D. 5.3×10^{27}
12. Shiboon elektiriikii tokko yoo maal ta'e ittisoo gadi aanaa qabaata?
A. Dheeraa fi furdaa B. Dheeraa fi qallaa
C. Gabaabaa fi furdaa D. Gabaabaa fi qallaa

13. Balbiwwan waattii adda adda qaban sadii baatirii waliin daandii sirriin wal qabsiifamaniif,
 A. Volteejiin tokko tokkoo balbii keessatti cophuu wal-qixa.
 B. Kaarentiin tokko tokkoo balbii keessa wal-qixa.
 C. Ittison tokko tokkoo balbii keessa wal-qixa.
 D. Aango elektiriikii tokko tokko isaan fayyadaman wal-qixa.
14. Tiraakteriin tokko guyyaa ho'a keessa gaasii liitirii 37000L baatee ture tokko bakka ture irraa kilomeetira heeddu deemuun gaasii bakka tempireecharri isaa isa duraa irra 23k gadi ta'e geesse gaasii ofirra buuse. Gaasii liitirii hagamii qabatee bakka sana ga'e? (koffisheentiin babal'achu qabee gaasicha $9.5 \times 10^{-4} / 0c$ fi koffisheentii babal'achuu kal tokke baatoo tiraakii $1 \times 10^{-6} / 0c$).
 A. 36192L B. 3700L
 C. 37808L D. 808L
15. Seerri _____ kan ibsu kaareentiin marsaa cufaa keessatti uumamu kallattiin isaa yeroo hunda jijjirama isa uume ni morma.
 A. Faraday B. Orested
 C. Oomii D. Leenzi
16. Kaarentiin elektirikii safartuu _____ ti
 A) Humna chaarjii tuqaa tokko irra sochoosun dabarsu
 B) Hamaa chaarjii yeroo yuuniitii tokko keessatti tuqaa tokko irra socho'uun darbuu
 C) Ittisa sochii chaarjii tuqaa kenname irra
 D) Anniisaa chaarjii tuqaa kenname keessa sochoosuuf oolu
17. Qindoominni shiboowwan elektirikii mana keessa yeroo hunda daandii waltarree irra ta'a. Bu'aan qindoomina kanaa maal?
 A) Vooltajjiin tokko tokkoo birkii keessaa vooltajji maddaan walqixa.
 B) Yoo birkiin tokko banaa ta'e kanneen hafan hundi sirriitti ni dalagu
 C) Ittisa xiyyeeffanno keessa osoo hin galchin birkii hunda keessa kaarentii walqixa ta'etu darba
 D) A & B
18. Charjiin 180C daqqiqa tokko keessatti tuqaa tokko irra yoo darbe, kaarentiin shiboo keessaa meeqa ta'a?
 A) 3A B) 180A
 C) 0.33A D) 5.6A
19. Kutaa ija namaa kan fiilmii kaameraa keessaan wal simu danda'u isa kami?
 A) Qaawwa Agartuu B) Reetiinaa
 C) Murteessoo ifaa (Ayirasii) D) Leensii

20. Kanneen armaan gadii keessaa fakkaattii yaadoo ilaalchise sirrii kan ta'e isa kami?
 A) Hin argaman
 B) Wantoo irra guddoo dha
 C) Wantoo irra xiqoo dha
 D) Footograafii (fakkii) isaanii kaasuun ni danda'ama
21. Kubbaan tokko daawitii diriiraa fuuldura 40cm fagaatee ka'ame. Fageenyi kubbaa fi fakkaattii gidduu jiru hammam ta'a?
 A) 80cm
 B) 60cm
 C) 120cm
 D) 160cm
22. Namni muda qaroo dhi'oo qabu gosa fuullee ijaa isa kami ka'achuu qabu?
 A) Leensii fuulleffanna lamee
 B) Leensii bittinneesituu
 C) Leensii sassaabduu
 D) Leensii goopha'aa lama
23. Halkanii fi guyyaan akka ta'uuf sababa kan ta'e:
 A) Sochii martoo lafti siiqqee ishee irratti taasiftu
 B) Sochii martoo addeessi siiqqee ishee irratti taasiftu
 C) Haqaaqama lafti siiqqee martoo irraa qabdu
 D) Murteessuf rakkisaa dha
24. Kanneen armaan gadii keessa kamtu sirrii dha?
 A) Lafti handhuura(gidduu) sirna soolaariiti
 B) Lafti darba hamma ta'e geenga'a irra socho'un addutti marsiti
 C) Lafti sochii siiqqee ishee irraa yeroo hunda guyyaa 28 kessatti taasifti
 D) A & C
25. Haqaaqama lafti siiqqee martoo irra qabdu kan inni taasisuu danda'u isa kami?
 A) Naannoolee lafaa garaagaratti garaagarumma yeroo ifa guyyaa argatanii taasisa
 B) Garaagarummaa haala qilleensaa Naannoolee lafaa garaagaraatti taasisa
 C) Waqtiilee adda addaa taasisa
 D) A, B & C
26. Gaaddiddeessun aduu kan ta'u danda'u yommuu kami?
 A) Addeessi aduu fi lafa gidduu ooltu
 B) Ifti addressa irra balaqqeesa'u hin jirre
 C) Lfti Addeessaa fi Aduu gidduu ooltu
 D) Aduun Addeessaa fi Lafa gidduu ooltu
27. Adeemsa saayinsaawwa keessatti dhaawwatin inni jalqaba
 A) Daawwannaa
 B) Raaguu
 C) Yaalii geggeessuu
 D) Rakkoo addan baasuu

28. Ibsa hedduu qinda'aa dhugaa irratti hunda'uun taateewwan ibsuuf sababeeffame,kan amma illee dalagaa mirkanneffanna barbaadu isa kami?
 A) Prinsiipilii B) Yaad-hiddama
 C) Yaad-rimeewwan D) Ilaacha saayinsaawwaa
29. Kanneen armaan gadii keessaa mit-dabarsoo elektirikii kan ta'e kami?
 A. Shiboo kopparii B. Zinkii
 C. Potaasiyemii D. Salfarii
30. Chaarjiin 600C yeoo hammammif dabarsoo keessa yoo yaa'e kaareentii 3A uumamaa?
 A. 200 s B. 1800 s
 C. 0.005 s D. 603 s
31. Qindoomina daandii sirrii keessatti walqixaa kan ta'e
 A. Kaarentii B. Garaagarummaa caalmaa kuufamaa
 C. Hittisa D. Hunda
32. Anniisaan kan irraa argannu
 A. Bubbee B. Ifa aduu
 C. Bishaan D. Hunda
33. Kanneen armaan gadii keessaa of-eeggannoon dhiibbaa/miidhaa elektirikiin dhufu hambisuuf fudhatamuu qabu kami?
 A. Shiboo elektirikii qullaa ta'e pilaastikaan uuwwisuu
 B. Waantoota elektirikii qaban bakka ijoolleen hin geenye kaa'uu
 C. Waantoota elektirikii qaban yeroo roobaa tuquu dhiisuu
 D. Hunda
34. Yommuu balboonni daandii waltarreen walqabsiifaman kanneen armaan gadii keessaa kan balboota hunda keessatti walqixaa ta'e kami?
 A. Kaareentii B. Hittisa
 C. Voolteejii D. Hunda
35. Anniisaan elektiriikii haroomfamu kan irraa argamu
 A. Qoraan B. Peetirooliyeemii
 C. Bishaan D. Cilee/Kasala
36. Dandeettiin ijji keenyaa boca leensii isaa jijjiiruun wantoota dhiyoo fi fagoo arguuf taasisu maal jedhama?
 A. Jaamina halluu B. Astigimaatizimii
 C. Akkoomodeeshinii D. Tiraakomaa

37. Yommuu umuriin namootaa dabalaa adeemu rokkoo qaroo dhiyootu isaan mudata. Namoota kanaaf leensii ijaa gosa kam akka godhatan gorsita? Leensii ijaa
- A. Leensii konkeevii
B. Leensii Konveeksii
C. Leensii sassaabduu ifaa
D. Leensii yabbuu
38. Ifni yaa'a tokko irraa gara yaa'a birootti yoo darbu haala kam keessatti saffisa guddaa irraa gara yaa'a saffisa xiqqaa qabuutti darba?
- A. Fuullee irraa gara qillennsatti
B. Cabbii irraa gara bishaanitti
C. Pilaastika irraa gara qilleensatti
D. Vaakiyuumii irraa gara bishaanitti
39. Amaloota ifaa keessaa isa kamtu fuullee keessatti fakkii kee akka agartuuf sigargaara?
- A. Dabee darbuu
B. Balaqeessa'uu
C. Xuuxamuu
D. Bittinnaa'uu
40. Anniisaa ilaalchisee kamtu dhugaa dha?
- A. Aduun madda j anniisaa alqabaati
B. Anniisaan hin uumamuus hinbarbadaa'uus
C. Pilaaneetoonni anniisaa ifaa gara anniisaa keemikaalaatti jijjiiru
D. Hunda
41. Sirna soolaarii keessaattii pilaaneetiin Meer kuriitti aanee jiru isa kami ?
- A. Jupitarii
B. Dachee
C. Maarsii
D. Veenusii
42. Aduun irra jireessan kan irraa tolfamte
- A. Oksijiinii fi Hayidiroojiinii
B. Hiiliyeemii fi Hayidiroojiinii
C. Hiliyeemii fi Nayitiroojiinii
D. Karbeenii fi Oksijiinii
43. Sababa dacheen sochii naannoo biiftuutti taasistuun dheerinni guyyaa fi halkanii iddoo hundaatti walqixaa kan ta'u yoomi?
- A. Waxabajjii 21
B. Guraandhala 21
C. Fulbaana 23
D. Mudde 22
44. Yommuu addeessi lafaa fi aduu gidduu ooltu maaltu ta'a?
- A. Gaaddiddeessu addeessaa
B. Gaaddiddeessu biiftuu
C. Gaaddiddeessu dachee
D. Deebiin hin kennamne
45. Faayidaan saatalaayitii namtolchee
- A. Qorannoo saayinsawaaf
B. Haala qilleensaa ittiin tilmaamuuf
C. Bashannanaaf
D. Hunda

46. Dacheen kan naannoofu
 A. Baha irraa gara Lixaa
 C. Lixaa irraa gara Bahaa
 B. Kaaba irraa gara Kibbaa
 D. Kaabaa irraa gara Bahaa
47. Qabiyyee qilleensaa kan hintaane isa kami?
 A. Kaarboon daayooksaayidii B. Kiloorinii
 C. Oksijiinii D. Naayitiroojinii
48. Ruqoolee qilleensaa keessaa kan biqilootni fayyadamanii soorata isaanii ittiin qopheeffatan kamii dha?
 A. CO₂ B. O₂
 C. H₂ D. N₂
49. Faalkaalee maaterii keessaa kan suudoowwan isaanii baayyee walirraa fagaatu kami?
 A. Jajjaboo B. Dhangala'oo
 C. Gaasii D. Biyyee
50. Tuuta armaan gadii keessaa kamtu wantoota qulqulluu dha?
 A. Qilleensa, Sukkaara, Warqii B. Bishaan, Warqii, Sukkaara
 C. Qilleensa, Dhiiga, Aannan D. Biiraa, Kaarboonii, Shayi
51. Elementoota armaan gadii keessaa kan sibiila ta'e kami?
 A. Kaarboonii B. Saalfarii
 C. Kaalsiyeemii D. Kiloorinii
52. Elementii armaan gadii keessaa kan gariin dabarsoo ho'aa fi elektirikaa ta'e kami?
 A. Silkonii B. Ayodinii
 C. Foosfarasii D. Kaalsiyeemii
53. Atoomiin elementii "X" pirootonii 23 fi niwutironii 26 qaba. Lakkoofsi elektiroonii isaa meeqa ta'a?
 A. 3 B. 23
 C. 26 D. 49
54. Kanneen armaan gadii keessaa amaloota makaa kan hintaane kami?
 A. Ruqooleen isaanii reeshoo dhaabbataa ykn murta'aa qaba
 B. Mala fiizikaalaan adda bahuu danda'u
 C. Adeemsa fiizikaalaan uumamu.
 D. Ruqooleen isaanii maalummaa isaanii otoo hin jijjiirin argamu
55. Kanneen armaan gadii keessaa kamtuu makaa dha?
 A. Warqii B. Sukkaara
 C. Bishaan D. Qilleensa

56. Makaa ayoodinii fi cirrachaa gargar dhiluuf kan fayyadu kami?
 A. Calaluu B. Maagnetii
 C. Distileeshinii firaakshinaalaa D. Sablimeeshinii
57. Amala bishaan ilaalchisee kamtu sirrii dha?
 A. Foolii qabeessa B. Dhandhama qabeessa
 C. Boca qabeessa D. Qabee qabeessa
58. Kan armaan gadii keessaa kamtu kompaawundii miti?
 A. Sukkaara B. Kaarboondaayooksaayidii
 C. Bishaan D. Biraasii
59. Oksaayidii armaan gadii keessaa kan adda ta'e kami?
 A. CaO B. Na₂O
 C. CO₂ D. K₂O
60. Kan armaan gadii keessaa oksaayidii sibiilaa uumuu kan danda'u kami?
 A. Kaarboonii B. Maagniziyeemii
 C. Foosfoorasii D. Naayitiroojinii
61. Asiidii dhugaatii lallaafaa keessatti argamu maal jedhama?
 A. Aseetiik asiidii B. Laaktiik asiidii
 C. Kaarbooniik asiidii D. Siitiriik asiidii
62. Kanneen armaan gadii keessaa oksaayidii haayidiroojiinii kan ta'e isa kami?
 A. Kaarboon daayooksaayidii B. Maaginiiziyem oksaayidii
 C. Bishaan D. Salfar daayooksaayidii
63. Wantoota armaan gadii keessaa kompaawundii kan hintaane isa kami?
 A. Bishaan qulqulluu B. Gaasii kilooriinii
 C. Itaanoolii D. Gaasii miteenii
64. Burcuqqoo tokko bishaan cabbiin yoo guttee fi cabbichi bishaan keessaa yommuu baqu qabeen bishaanichaa maal ta'a?



- A. Cabbiin yommuu baqu bishaan burcuqqoo irra darbee dhangala'a
 B. Cabbiin yommuu baqu qabeen bishaanicha burcuqqoo keessaa hinjijjiramu
 C. Cabbiin yommuu baqu qabeen bishaanichaa xiqqoo gadi bu'a
 D. Waan tokkooyyuu adda hinbaafanne, sababiin isaas bishaanicha nan dhuga yookiin osoo wannii tokko hintaaneen dhiisee deema.

65. Mana yaalii keessatti yaalii osoo hin gaggeessin dura maqaa fi bifa meeshaalee mana yaalii beekuun faayidaa maalii qaba?
- Qormaata yaalii irratti qabxii guddaa galmeessisuuf
 - Yaaliin dura meeshaalee yaaliif barbaachisan daftee salphaatti argachuuf
 - Yaaliin dura meeshaalee yaaliif barbaachisan qulqullaa'uu isaanii mirkaneeffachuuf
 - Ajaja mana yaalii sirritti hordofuuf
66. Bishaan qabeen isaa 50ml ta'ee fi zayitii nyaataa qabeen isaa 50ml ta'e yoo walitti makte wal hin fudhatan (wal keessatti hin bulbulaman) . Kun kan agarsiisu
- Poolaaraa'ummaa garaagaraa qabaachuu isaanii
 - Qabxii danfinaa garaagaraa qabaachuu isaanii
 - Rukkina garaagaraa qabaachuu isaanii
 - Foolii garaagaraa qabaachuu isaanii
67. Adeemsota armaan gadii keessaa kan oksaayidii beezawoo qopheessuu dandeessisu isa kami?
- Kaarboonii oksijiinii gahaa keessatti gubuun CO₂ uumuu
 - Maginiiziyemii oksijiinii gahaa keessatti gubuun MgO uumuu
 - Salfarii Oksijiinii gahaa keessatti gubuun SO₂ uumuu
 - Naayitiroojinii oksijiinii gahaa keessatti gubuun NO₂ uumuu
68. Faalkaaleen fiizikaalawaa maaterii baay'ee beekamoo ta'an jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii dha. Kan armaan gadii keessaa waa'ee dhangala'oo dhugaa kan ta'e kami?
- Dhangala'oon qabee murtaa'a qabu .Garuu boca murtaa'a hinqaban
 - Dhangala'oon boca murtaa'a qabu. Garuu qabee murtaa'a hinqaban
 - Dhangala'oon boca fi qabee murtaa'a qabu
 - Dhangala'oon boca fi qabee murtaa'a hinqaban
69. Bishaan qulqulluu bishaan garbaa irraa argachuuf maal gochuu barbaachisa?
- Calaluu
 - Dhimbiibuu
 - Irra deebiin kiristaaleessuu
 - Mala distileeshinii fayyadamuu
70. Mala saayinsii barsiisuu barattoota mana baruumsa sadarkaa tokkofaatiif kan hin jajjabeefamne isa kami?
- Barattoonni karaa saayinsaawan akka yaadan barsiisuu
 - Ofiin barachuu keessatti barattoonni si'aayinaan akka hirmaatan gochuu
 - Barattoonni dandeetti rakkoo furuu fi yaada-rimee bu'uura akka gabbifatan gargaaruudhiisuu
 - Marii barattoota fi hojii garee barattoota jajjabeessuu

71. Adeemsa baruu- barsiisuu fooyyeessuu keessatti karoora hojii ifa fi gabbataa ta'e qopheessuun beekumsa kamin walqabata?
- A. Qabiyyee
B. Karoorsuu
C. Iyyaafannaa
D. Barsiisuu
72. ” Barsiisaa/tuu gaariin kan jireenya isaa/ishee guutuu baratu/ttu” kun kan agarsiisu barsiisan/tuun keemistirii gahumsa qabu /qabdu
- A. Barattoota hunda haala walfakkaataan kan keessummeessu/itu
B. Barattoota biratti gaarii ta'ee argamuu kan yaalu/tu
C. Fedhii barattootaa guutuuf carraaqqii cimaa kan godhu/tu
D. Caalaatti waan tokko beekuu fi of fooyyeessuuf kan taattaafatu/ttu.
73. Amala iyyaafannaa walitti fufaa kan hintaane isa kami?
- A. Adeemsa walitti fufaa ta'een fooyya'iinsa barachuu barattootaa irratti odeeffannoo walitti qabachuu dha
B. Galmaa fi kaayyoo sirna barnootaa waliin hindeemu
C. Barattoota barnoota isaanii irraatti fooyyeessuuf maal akka hojjachuu qabaniif duub-deebii ijaarsaaf yeroon kenna.
D. Hunduu deebii dha
74. Kaayyoolee murna qaama sammuu barsiisuuf malli baay'ee filatamaa ta'e isa kami?
- A. Falmii
B. Od-ibsa
C. Agarsiisa
D. Marii
75. Kanneen armaan gadii keessaa amala fiizikaalaa wantootaa kan hintaane isa kami?
- A. Si'aayina walnyaatinsaa
B. Bulbulamummaa
C. Halluu
D. Fooli
76. Mata-duree barannoo “qilleensi iddoo ni qabata” jedhu barattoota barsiisaa jirtuuf ifa taasisuuf adeemsota armaan gadii keessaa filatamaa kan ta'e isa kami?
- A. Afuuffee qilleensan guutitii barattootatti agarsiisuun barannoo waliin walqabsiisi.
B. Yaad- rimee barattootatti himuun mata-duree barannoo biraatti darbi.
C. Ibsa gabaabaa kennuun barattoonni akka yaadannoo fudhatan taasisi.
D. Garee uumuun barattoonni qilleensi iddoo qabachuu fi qabachuu dhiisuu isaa irratti akka marii gaggeessan taasisi
77. Qabeen jajjaboo boca sirnaawwaa hinqabnee osoo boca isaa hinjijjiirin akkamitti safaramuu danda'a?
- A. Kallattumaan madaallii hangaa fayyadamuu
B. Kallattumaan siliindarii safaraa fayyadamuu
C. Al-kallattiin dhangala'oo keessa buusuun dhangala'oo iddoo isaa bu'e safaruu
D. Al- kallattiin sarartuu fayyadamuu

78. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu makaa miti?
 A. Qilleensa
 B. Dhiiga
 C. Aannan
 D. Bishaan
79. Kaarboondaayoksaayidiin kan hin faayyadne
 A. Ibiddaa dhaamsuuf
 B. Wantoota gubuuf
 C. Nyaata biqiloota qopheessuuf
 D. Dhugaati lallaafaa qopheessuuf
80. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu amala qilleensaa miti?
 A. Bakka qabachuu
 B. Bakka bakkaatti socho'uu
 C. Ulfaatinaa qabachuu
 D. Maayikirooskoppin mul'achuu danda'u
81. Maaterii ta'u kan hin dandeenye
 A. Kompawundoota
 B. Elementoota
 C. Orgaanikoota
 D. Deebiin hin kennamne
82. Ruqoolee qilleensaa keessaa qabiyyee guddaa kan qabu
 A. Kaarboondaayoksaayidii
 B. Oksijiinii
 C. Naayitiroojiinii
 D. Haayidiroojiinii
83. Kanneen armaan gadii keessaa waa'ee atamoota ilaalchisee isa kamtu sirrii miti?
 Atamoonnii
 A. Niwuutirootoota chaarjii poozativii dha
 B. Pirootoonoota chaarjii poozativii dha
 C. Elektiroonoota chaarjii negatavii dha
 D. Deebiin hin kennamne
84. Qaama bishaani ta'ee bishaan qulqulluu keessatti kan hammaatu
 A. Galaana
 B. Haroo
 C. Garba
 D. Hunda
85. Jabinaa bishaanii hir'isuuf waanti nuti itti daballu
 A. Soodiyeemkaarboonetii
 B. Soodiyeemkilooraayidii
 C. Kaarboondaayoksaayidii
 D. Hunduu deebii dha
86. Faayidaa ashaboo kan hin taane
 A. Meeshaalee ijaarsaaf oola
 B. Nyaata namaaf
 C. Xaa'oo qopheessuuf
 D. Deebiin hin kennamne
87. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu dogongora?
 A. PH'n bishaanii 7 dha
 B. PH'n asiidotaa 7 gadi
 C. PH'n beezotaa 7 gadi
 D. Haayiroojiinoksaayidiin beeziis asiidiis miti

- A. Qulqullina naannoo ofii eeguu
 B. Namarraa garagalanii qufa'uu
 C. Namni dhukkubsata fi fayyaan waliin jiraachuu
 D. Meeshaalee dhukkubsataan itti gargaarame kophaatti baasuu
97. Qilleensi adeemsa footooseenteesisii gaggeessuuf barbaachisu isa kami?
 A. Oksijiinii
 B. Naayitiroojiinii
 C. Kaarboon-daayooksaayidii
 D. Kaarboon-monooksaayidii
98. Qabattoota fiizikaalaa keessaa kan qilleensaan walqabatu isa kami?
 A. Ifa aduu
 B. Teempireechara
 C. Rooba
 D. Hunda
99. Ga'ee qilleensaa kan hintaane isa kami?
 A. Daraaraa pooloneessuu
 B. Sanyii biqilootaa tamsaasuu
 C. Sanyii akka biqilu gargaaruu
 D. Deebii hinqabu
100. Albuudota armaan gadii keessaa kan biqiloonni fi bineeldonni kallattiin itti fayyadamuu hindandeenye kami?
 A. Foosfarasii
 B. Ziinkii
 C. Naayitiroojinii
 D. Hunda
101. Dhiibbaan kaarboon-daayioksaayidiin qilleensa keessatti baay'achaa dhufu agatisiisuu isaa kami ?
 A. Omishani xiqqaachuu
 B. Ho'i dabaluu
 C. Roobni xiqqaachuu
 D. Hunda
102. Kan armaan gadii keessaa mallii bishaan qulqulleessuuf hingargaarre isa kami?
 A. Daffisuu
 B. Hurkisiisuu
 C. Kilooriinii itti naquu
 D. Dhimbiibuu
103. Dhukkuboota armaan gadii keessaa kan bishaaniin daddarbu isa kami?
 A. Infuleenzaa
 B. Copxoo
 C. Ameerikaanisii
 D. Cittoo
104. Faayidaa kilooriinii bishaanitti naquu kan ta'e isa kami?
 A. Keemikaalota summaa'oo bishaan keessaa balleessuuf
 B. Jarmoota bishaan keessaa ajjeesuuf
 C. Qilleensa bishaan keessaa baasuuf
 D. Wantoota jajjaboo bishaan keessaa calaluuf
105. Kan armaan gadii keessaa qulquullina dhuunfaa eeggachuu kan hintaane kami?

- A. Nafa dhiqachuu B. Ilkaan rigachuu
C. Mana qulqulleeffachuu D. Miila dhiqachuu
106. Amala biqiltuu kaarrolee kan ta'e kami?
A. Kilooroofiilii qabu B. Baalaa,jirmaa fi hidda qabu
C. Footooseenteesisii gaggeessu D. Hunda
107. Kan armaan gadii keessaa tokko biqiloota daraaraa keessatti hin mul'atu
A. Koonii B. Sanyii
C. Firii D. Daraaraa
108. Kamitu amala baalaa hinagarsifne?
A. Bishaan xuuxuu B. Kutikilii qabaachuu
C. Soorata qopheessuu D. Battee fi diriiraa ta'uu
109. Qaamni biqiltuu walhormaata alsaaleessaatiif hintajaajille isa kami?
A. Hidda B. Baala
C. Jirma D. Daraaraa
110. Hoormoonii biqilootaa kan hintaane kami?
A. Ogziinii B. Guluukaagoonii
C. Jibriiliinii D. Saayitokiniinii
111. Kanneen armaan gadii keessaa caasaa hargansuu allaattotaa kan hintaane kami?
A. Somba B. Tiraakiyaa
C. Giilii D. Funyaan
112. Bineeldi hoomootarmisii hintane kami?
A. Raacha B. Daakiyyee
C. Lukkuu D. Guchii
113. Kanneen armaan gadii keessaa caasaan sochii Pilaasmoodoyeemii kami?
A. Silqixa B. Miil-soboo
C. Rifeensee D. Deebii hinqabu
114. Maqaan saayinsaawaa“*Muskaa demoostikaa*” organzimii kamitu ittiin beekkama?
A. Nama B. Tiisisa
C. Adurree D. Kanniisa
115. Dameen baayoolojii akkaataa qaamni biqilootaa fi bineeldotaa itti hojjatu qo'atu isa kami?
A. Saayitooolojii B. Moorfooolojii C. Fiiziyoolojii D. Anaatoomii

116. Dhukkuboota armaan gadii keessaa kan baakteeriyaan hindaddarbine kami?
 A. Dhukkuba sombaa B. Dhuukkuba qurcii
 C. Koleeraa D. Gifira
117. Kanneen armaan gadii keessaa qoodama lafee guutuu namaa kan hintaane isa kami?
 A. Lafee garaachaa B. Lafee cinaachaa
 C. Lafee mataa D. Lafee harmaa
118. Faayidaa lafee kan hintaane kami?
 A. Qaamota lallaafaa miidhaarraa ittisuu B. Seelota dhiigaa oomishuu
 C. Qaama utubuu fi sochii D. Deebii hinqabu
119. Ati bishaan baay'ee dheebotte turte, garuu bishaan dhugaatii argachuu hin dandeenye. Haata'u malee takka turte garuu miirri dheebuu sirra badeera. Haala kana mijeessuuf hormooniin ga'ee taphatekami?
 A. Antaaydaayureetiikii B. Adreenaalini
 C. Oksitoosiinii D. Taayirooksiinii
120. Caasaa sirna walhormaata dhiiraa keessaa kan isparmii omishu kami?
 A. Ujummoo ippididimasii B. Ujummoo vaas deferansii
 C. Ujummoo yureetiraa D. Ujummoo seminiferasii
121. Adeemsa sagalee dhaga'uu keessatti sagaleen naannoorraa sammuu dhaqabuuf caasaaleengurraa alaa gara keessaatti sagalee daddabarsan duraa duubaan kan qabate isa kami?
 A. Morgaa → Ujummoo ala gurraa → lafeewwan xixiqqoo → dibbee
 gurraa → maramee → narvii dhageettii → sammuu.
 B. Morgaa → Ujummoo ala gurraa → dibbee gurraa → maramee → lafeewwan xixiqqoo
 → narvii dhageettii → sammuu.
 C. Morgaa → Ujummoo ala gurraa → dibbee gurraa → lafeewwan xixiqqoo → maramee → narvii
 dhageettii → sammuu.
 D. Morgaa → dibbee gurraa → Ujummoo ala gurraa → lafeewwan
 xixiqqoo → maramee → narvii dhageettii → sammuu.
122. Baalchaan osoo bosona keessaa muka muraa jiru leenci itti dhufe. Innis baay'ee rifate. yeroo muraasaan booda muka isa bira jiru irra koree of arge. Garuu akkamitti akka koru danada'e hin beekne .Hoormooniin Baalchaan sochii akkasiitiin muka korsiiisuu danda'e kami?
 A. Oksitoosiinii B. Adreenaaliinii
 C. Taayirooksiinii D. Testestroonii

123. Niwurooniin dhaamsa deebistuun dhaamsa narvaawaa isaa _____tti dabarasa.
 A. Dhaamsa geessituu B. Gamteessituu
 C. dhaamsa deebistuu D. dhimma baastota
124. Qabiyyee baqqaana ippidarmisii keessatti kan argamu kami?
 A. Meelaanoosaayitii B. Ujummoo dhiigaa
 C. Tiishuu walqabsiiftuu D. Xannacha dafqaa
125. Qaama usaansaa fi dalaggaan isaa kan wal hingitne isa kami?
 A. Kalee -yuuriyaa dhabamsiisuu
 B. Gogaa- dafqa dhabamsiisiisuu
 C. Somba –kaarboondaayoksaayidii dhabamsiisuu
 D. Deebiin hijiru
126. Kan armaan gadii keessaa kamituu lafee keessoo qaba?
 A. Sariitii B. Bofa
 C. Tiisisa D. Kanniisa
127. Faaltota qilleensaa armaan gadii keessaa isa kamtu adeemsa fotoosinteesisii gaggeesuuf tajaajilaa?
 A. Bullaa daraaraa B. Sigaaraa xuuxuu
 C. Kaarbon monoksaayidii D. Kaarbon daayoksaayidii
128. Adeemsi qilleensa gara keessaatti fudhachuu qilleensa gara alaatti baasuu irraa adda godhu isa kami?
 A. Kottoonfachuu diyaafiraamii B. Hir’achuu qabee qomaa
 C. Diriirfachuu maashaalee cinaachaa D. Dabaluu dhiibbaa qilleensaa somba keessaa
129. Kanneen armaan gadii keessaa tartiibni sirrii qilleensa alaa gara sombaa seenu agarsiisu isa kami?
 A. Ujummoo qilleensaa Biroonkasii Biroonkiyoolasii Afuuffee qilleensaa funyaan
 B. Funyaan Ujummoo qilleensaa Biroonkasii Biroonkiyoolasii Afuuffee qilleensaa
 C. Biroonkasii Afuuffee qilleensaa Biroonkiyoolasii Ujummoo qilleensaa funyaan
 D. Funyaan Afuuffee qilleensaa Biroonkiyoolasii Biroonkasii Ujummoo qilleensaa

147. Daawwataa tokko bineensa Waaliyaa (*Walia ibex*) jedhamu daawwachuuf fedhii kan qabaatu yoo ta'e, kutaa biyya keenyaa isa kam deemee akka daawwatu gorsitaa?
 A. Gaarreewwan Baalee
 B. Haroowwan sulula keessaa
 C. Gaarreewwan Kaaba Itoophiyaa
 D. Paarkii biyyaalessaa Awwaash
148. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtuu gochaawwan bineensota adamsitootaa kunuunsa biqiltoota keessatti qooda qaba?
 A. Sanyiiwwan biqilootaa murtaawaa ta'an soorachuu
 B. Lakkoofsa soorattoo margaa (heerbiivoresoootaa) gad-xiqqeessuu
 C. Biqiloota barbaachisoo hin taane soorachuu
 D. Herbivoresoota naannoo sanaa dhabamsiisuu
149. Kanneen armaan gadii keessaa sirrii tartiiba metaamorfoosisii guutuu isa kamtu agarsiisa?
 A. Ga'eessa Jiisaa Hanqaaquu Puppaa
 B. Puppaa Jiisaa Ga'eessa Hanqaaquu
 C. Hanqaaquu Jiisaa Puppaa Ga'eessa
 D. Jiisaa Puppaa Ga'eessa Hanqaaquu
150. Caasaalee armaan gadii keessaa isa kamtu amala hoosiftoota bakka bu'aa?
 A. Rifeensa
 B. Baallee
 C. Afaan
 D. Koochoo
151. Amaloota anaatomii allaattiiwwanii armaan gadii keessaa isa kamtu balali'uu isaaniitiif gargaarsa godhaa?
 A. Halluu afaanii
 B. Halluu koochoo
 C. Halluu ijaa
 D. Haphina lafee
152. Dhukkuboota namaa baakteeriyaan daddarban keessaa wal-qunnamtii saalaatiin daddarbu isa kami?
 A. Cophxoo
 B. AIDS
 C. Dhibee busaa
 D. Ibolaa
153. Kakaasa armaan gadii keessaa isa kamtu gogaa namaatiin wal-faana hin deemu?
 A. Tampireechara
 B. Dhiibbaa
 C. Sagalee
 D. Hoo'a
154. Yammuu kutaa barnootaa keessatti baayoloojii barattu, kutaa sammuu kee isa kam fayyadamuudhaan yaadarimeewwan yaadattaa?
 A. Hayipootalamasii
 B. Serebireemii
 C. Meedullaa obilongaataa
 D. Serebileemii
155. Kanneen armaan gadii keessaa sirriitti mudoo qaroo fagootiif sababa ta'a isa kami?

- A. Wulleen ijaa gabaabbachuu
C. Leensiin jabina qabaachuu
- B. Wulleen ijaa dheerachuu
D. Wantoon gabaabaa ta'uu
156. Sirni narvii moggaa kan qabatu:
A. Ispaayinaal koordii fi sammuu
C. Serebireemii fi hayipotalamasii
- B. Narvoota ispaayinaalii fi kiraaniyaalii
D. Serebileemii fi Meedullaa obilongaataa
157. Ruqoolee qilleensa armaan gadii keessaa hamma wal qixa ta'een qilleensa gara keessaa fi alatti harganamuu isa kami?
A. Naayitiroojinii
C. Oksijinii
- B. Hurka bishaanii
D. Kaarbondaayoksaayidii
158. Adeemsawwan armaan gadii keessaa hamma oksijinii atmosfarii keessaa kan dabaluu isa kami?
A. Gubama soorataa
C. Gubama boba`a
- B. Footoosintasisii
D. Hundu deebii dha
159. Ruqoolee qilleensa armaan gadii keessaa oksijinii keessaa hambisuun nyaata saamsuu fi yeroo dheeraa tursiisuuf gargaaru isa kami?
A. Oksijinii
C. Kaarbondaayoksaayidii
- B. Naayitiroojinii
D. Haydiroojinii
160. Caasaa sirna hargansuu armaan gadii keessaa amtu sombaatti dhiyaate argama?
A. Sanduqa sagalee
C. Bironkasii
- B. Laagaa
D. Ujummoo qilleensa
161. Isa kamtu faayidaa karaa funyaaniin harganuu ti?
A. Harganuuf anniisni barbaachisu muraasadha.
B. Qilleensa jiisuu fi ho`isuuf
C. Saffisa guddaan qilleensa ol fudhachuuf gargaara
D. Qilleensa baay`ee ol fudhachuuf gargaara
162. Kutaa somba bakka adeemsi gocha ijo ittii raawwatamu kami?
A. Beembireenii piluraa
C. Bironkiyooliisi
